# BARNOOTA SAFUU

# KITAABA BARATTOOTAA

# KUTAA 2

**Madaqsitoota:**

1. Asmaraa Begii
2. Eebbisaa Nugusee
3. Taammiraat Tasammaa
4. Tolarabbii Mokonnon

**Gulaaltota:**

Abdulqaadir Amaan

Mohaammad Abdoo

**Seecca'aa:**

Abdulqaadir Amaan

**Madaalaa Qulqullinaa:**

Darajjee Mokonnin Dheeressaa

**Giraafiksii:**

Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsa:**

Buzaayyoo Girmaa

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2015/2023

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Kitaaba kana hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

## Galata

Kitaabni kun, ka'umsaaf hoggansa Ministeera Barnootaa jalatti, walta'iinsa Yuunivarsiitotaa Hawaasaa, Jimmaa, Addis Ababaafi Baahirdaariin qophaa'e. Itti aansuun, qindeessummaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin madaqfamee qophaa'e.

Kanaafuu, qaamolee hojii kana keessatti qooda fudhatan kanneen akka Ministeerra barnootaa, qopheessitoota Yuunivarsiitotaafi madaqsitoota ogeeyyii barnootaa naannoo keenyaa hundaaf Biiroon Barnootaa Oromiyaa galata guddaa qaba.

# Baafata

Qabiyyee Fuula

**BOQONNAA 1...............................1**

**KABAJAAFI NAGEENYA OFII EEGGACHUU...1**

Barannoo1: Kabaja.............................................................1

Barannoo 2: Barbaachisummaa Kabajaa..................7

Barannoo 3: Karaalee Kabaja Ittiin Agarsiisan.....9

Barannoo 4: Nageenya Ofii Eeggachuu....................14

Barannoo 5: Eegumsa Nageenya Daa'immanii......17

**BOQONNAA 2..............................23**

**DHUGAAFI AMANAMUMMAA...........23**

Barannoo 1: Dhugaafi Amanamummaa.....................23

Barannoo 2: Mul'istoota Dhugaafi Amanamummaa ...............................................24

Barannoo 3: Waadaa Kabajuu...............................30

Barannoo 4: Hannaafi Waliin-dhahuu Jibbuu ....35

**BOQONNAA 3..............................39**

**HAQA....................................39**

Barannoo 1: Maalummaa Haqaa..............................39

Barannoo 2: Sirrummaa.......................................47

BOQONNAA 4..........................51
WALITTI DHUFEENYA HAWAASUMMAA.....51
Barannoo 1: Hiriyummaa.......................................51
Barannoo 2: Walgargaaruu.....................................56
Barannoo 3: Gochoota Walitti Dhufeenya Miidhan ..........................................61
BOQONNAA 5..........................65
QABEENYA WALOOF DHIMMAMUU.....65
Barannoo 1: Maalummaa Qabeenya Waloo............65
Barannoo 2: Bishaan...............................................67
Barannoo 3: Mana Barnootaa...................................70
Barannoo 4: Daandii................................................73
BOQONNAA 6:..........................77
HAMBAALEE AADAA..........................77
Barannoo 1: Maalummaa Hambaalee Aadaa........77
Barannoo 2: Akaakuu Hambaalee Aadaa...........81
Barannoo 3: Faayidaawwan Hambaalee Aadaa.....84
Barannoo 4 : Hambaalee Aadaa Kunuunsuu...........88

# BOQONNAA 1

## KABAJAAFI NAGEENYA OFII EEGGACHUU

### Bu'aalee Barachuu

**Xumura boqonnaa kanaatti:**

- kabaja jechuun maal akka ta'e ibsuu;
- barbaachisummaa kabajaa himuu;
- maloota nageenya ofii ittiin eeggatan tarreessuu;
- akkaataa kabaji itti agarsiifamu addaan baafachuu;
- gochaalee miidhaa fiduu danda'an irraa ofeeguu.

## Barannoo 1: Kabaja

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- kabaja jechuun maal akka ta'e ni ibsita.

***Gaaffii hubannoo***

Kabajni maaliin ibsama?

Kabajaan ofiifi nama birootiif ulfina kennuudha. Ofkabajuun ofitti amanamummaa qabaachuufi ofiin boonuudha. Namoota biroo kabajuun ammoo ulfinaafi kabaja namoomaa namootaaf kennuudha.



Ofiin boonuu

## Gocha 1

Fakkiin asiin olii maal agarsiisa? Lama lamaan mari'achuun ibsaa.

# Maatiifi Ollaa Ofii Gargaaruu

Maatiin obboo Waaqoofi ollaan isaanii walgargaaruun jiraatu.



Obbo Waaqoon mana citaa ijaarratu.



Ijoolleen isaanii dhoqqee ittiin mana maragan dhiituun gargaaru.




Ijoolleen ollaa, bishaan waraabuun deeggaru. Aadde Leenseen immoo keessummaaf buna danfisaa jirti.

## Gocha 2. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Ollaakee maal fa'a gochuun gargaarta?
2. Ijoolleen maatii gargaaruu dhabuun safuu cabsuudha. (Dhugaa/Soba)
3. Ollaa ofii gargaaruun barbaachisaadha.(Dhugaa/ Soba)

## Garaagarummaa Dhuunfaa Dinqisiifachuufi Waliif Kabajuu



Lubaabaa



Dureessaa

**Dureessaa:** Attam jirtaa?

**Lubaabaa:** Fayyaa kooti. Ati nagaadhaa?

**Dureessaa:** Maqaan kee eenyuu?

**Lubaabaa:** Lubaabaan jedhama. Ati hoo?

**Dureessaa:** Dureessaan jedhama. Lubaabaa, uffannikee baay'ee bareeda.

**Lubaabaa:** Galatoomi; keetis baay'ee natti bareeda.

**Dureessaa:** Maqaan keetis hedduu natti tola.

**Lubaabaa:** Afaan Sidaamaatiin Dureessaan maal jechuudha?

**Dureessaa:** Sooressa jechuudha.

**Lubaabaa:** Afaan Oromootiin walfakkaata. Hedduu bareeda.

**Dureessaa:** Galatoomi! Keenya lamaanuu bareedaadha.

## Gocha 3. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Lubaabaafi Dureessaan maal waliif dinqisiifatan?
2. Garaagarummaa dhuunfaa waliif kabajuun barbaachisaa miti. (Dhugaa/Soba)

# Barannoo 2: Barbaachisummaa Kabajaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- barbaachisummaa kabajni qabu nihimta.

## *Gaaffii hubannoo*

Ofii keenyaaf kabaja qabaachuun faayidaa akkamii qaba?

Ofiifi namoota birootiif kabaja qabaachuun faayidaa baay'ee qaba. **Fakkeenyaaf,**

- Nama kabajuun ofkabajuudha.



- Ofitti amanamummaa qabaachuuf
- Ciminaafi hanqina keenya adda baafannee beekuufi
- Murtee mataa keenyaa qabaachuuf nugargaara.



Miira nan danda'a jedhu gabbifachuu

## Gocha 4. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Ofii keetii kabaja argachuuf maal gochuu qabda?
2. Ofiifi namoota biroo kabajuun faayidaalee akkamii qaba?
3. Walkabajuun hiriyummaa cimsa. (Dhugaa/Soba)

# Barannoo 3: Karaalee Kabaja Ittiin Agarsiisan

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- akkaataa kabaja ittiin agarsiisan adda baafatta;
- karaalee kabajaa ittiin gabbifatan adda baafatta.

## Gaaffii hubannoo

Kabaja maatiifi manguddootaaf qabdu akkamiin agarsiifta?

Karaalee kabaja ittiin agarsiisaniifi gabbifatan baay'eetu jiru. Fakkeenyaaf,

- Maanguddoota kabajuu,
- Haadhaafi abbaa kabajuu.





Walkabajuu




Walgargaaruu



Uffata dambii mana barnootaa uffachuu



Barsiisota olka'anii simachuu



Gaaffiifi yaada qaban eyyamsiisanii kabajaan gaafachuu



Biqiloota dhaabuufi kunuunsuu



Hannaafi waliin dhahuu lagachuu irraa fagaachuu

## Gocha 5. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Kabaja barsiisota keetiif qabdu karaa kamiin agarsiifta?
2. Kabaja ofii keetii gabbifachuun gochaalee akkamii raawwatta?

# Barannoo 4: Nageenya Ofii Eeggachuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- wantoota nageenya keenyarratti miidhaa fiduu danda'an nitarreessita;
- maloota nageenya keenya ittiin eeggannu nihimta.


## *Gaaffii hubannoo*

Wantoonni nageenya keenya miidhuu danda'an maal fa'i?


Nageenya keenya eeggachuun wantoota balaa uumaniifi miidhaa geessisuu danda'an irraa ofeeguun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf:



Meeshaalee qara qabaniin taphachuu dhiisuu



Daandii konkolaataa irra of-eggannoon ce'uu



Qulqullina dhuunfaafi naannoo eeguu





Wantoota miidhaa dhaqabsiisuu danda'an kanneen akka ibiddaa, saree, adurree fa'a tuquu dhiisuu.

## Gocha 6. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Nageenya kee akkamiin eeggatta?
2. Nageenya keenya eeggachuuf wantoota miidhaa qaban irraa ofeeguu qabna. (Dhugaa/Soba)
3. Gocha asiin gadii keessaa miidhaa geessisuu kan danda'u isa kami?
   A. daandiirratti kubbaa taphachuu
   B. wantoota qara qabaniin taphachuu
   C. qulqullina dhuunfaa eeggachuu dhiisuu
   D. hunduu deebiidha
4. Naannoo manaatti nagaakee eeggachuuf ofeeggannoo akkamii taasifta?

# Barannoo 5: Eegumsa Nageenya Daa'immanii

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Akkaataa daa'imman nageenya isaanii itti eeggatan nitarreessita.

## *Gaaffii hubannoo*

Yeroo mana barumsaa deemtuufi mana barumsaatii galtu nageenyakee akkamitti eeggatta?

Akkaataan daa'imman nageenya isaanii itti eeggatan hedduudha. Isaan keessaa muraasni kanneen asiin gadiiti.

- Gorsa maatiifi manguddoo fudhachuu



- Daandii irratti kubbaa taphachuu dhiisuu



- Hojii humna olii hojjechiisuu dhiisuu



- Nyaata duraafi booda harka dhiqachuu





# Gocha 7

Gochaalee asiin gaditti tarreeffaman fuula duratti nageenya daa'immaniif gaariifi gaarii ta'uu dhanuu mallattoo '√' kaa'uun agarsiisi.

| T/L | Gochaalee | nageenyaaf gaarii miti | nageenyaaf gaariidha |
|---|---|---|---|
| 1. | kophaa ofii bishaan daakuu | | |
| 2. | nyaata duraafi booda harka dhiqachuu | | |
| 3. | meeshaalee qara qabaniin taphachuu | | |
| 4. | gorsa maatii dhagahuu | | |
| 5. | bineeldota ari'uufi harkaan qabuuf yaaluu | | |
| 6. | bitaafi mirga ilaaluun daandii qaxxaamuruu | | |
| 7. | hojii humnaa olii hojjechuu | | |
| 8. | lakkoofsa bilbilaa maatii ofii qabachuu | | |
| 9. | qulqullina naannoo ofii eeguu | | |
| 10. | nama arrabsuu | | |

## Guduunfaa

Safuun uumaa, namaafi uumama birootiifis kabaja qabaachuudha. Hariiroon uumaafi uumamaa, namaafi uumamaa akkasumas, namaafi namaa hundi safuun qajeelfama. Safuu qabaachuun kabaja qabaachuudha. Kabaja qabaachuun immoo ofitti amanamummaa akka qabaannu taasisa.

Maatiifi maanguddoo kabajuun, nama gowwoomsuu-fi hannarraa fagaachuun kabaja qabnu agarsiisuufi dagaagfachuu dandeenya. Akkasumas, naamusa gaarii qabaachuun, gorsa maatiifi barsiisotaa fudhachuufi dambii mana barumsaa eeguun kabaja dagaagfachuu nidandeenya.

Nageenya keenya eeggachuuf wantoota balaa geessisan hundarraa ofeeguu qabna. Kunis, waan qara qabaniin taphachuu dhiisuu, bitaafi mirga ilaallachuun daandii qaxxamuruu, qulqullina dhuunfaafi naannoo eeggachuufi wantoota sodaachisoo irraa fagaachuu fa'a.

## Gaaffilee keessa deebii

**I. Himoota asiin gadii yoo sirrii ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii hintaane 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Maatiifi obboloota keenya kabajuun barbaachisaa miti.
2. Garaagarummaa walii kabajuun duudhaa hawaasa keenyaati.
3. Ofkabajuun ofitti amanamummaa keenya cimsa.
4. Mana fincaanii yemmuu baanu harka keenya dhiqachuu qabna.
5. Ofkabajuun ciminaafi hanqina keenya beekuuf gargaara.

**II. Gaaffilee asiin gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu**

1. Karaa kabaja ittiin agarsiisaniifi guddifatan kan hintaane kami?
   - A. dambii mana barumsaa hordofuu
   - B. dambii daree keenyaa kabajuu dhiiisuu
   - C. garaagarummaa dhuunfaa dinqisiifachuu
   - D. waan namni tokko jaallatuuf kabaja kennuu

2. Kanneen asiin gadii keessaa kamtu sirriidha?
   A. ofkabajuu
   B. nageenya ofii eeggachuu
   C. namoota biroo kabajuu
   D. hunduu deebiidha
3. Gochi sirrii hintaane isa kami?
   A. maanguddoo kabajuu
   B. obbolaawwan kabajuu
   C. ollaa kabajuu dhiisuu
   D. hiriyaa ofii kabajuu
4. Nageenya keenya eeggachuuf kan gargaaru kami?
   A. kophaa daandii konkolaataa qaxxaamuruu dhiisuu
   B. lakkoofsa bilbilaa maatii beekuu
   C. waa'ee nageenyaa maatii waliin mari'achuu
   D. hunduu deebiidha
5. Nageenya daa'immaniitiif barbaachisaa kan ta'e kami?
   A. daandii irratti kubbaa taphachuu
   B. rigaa ilkaanii namoota biroo waliin fayyadamuu
   C. gorsa maatii, maanguddoofi barsiisotaa fudhachuu
   D. bitaafi mirga osoo hin ilaallatin ariitiin daandii qaxxaamuruu

# BOQONNAA 2

# DHUGAAFI AMANAMUMMAA

## Bu'aalee Barachuu

Xumura boqonnaa kanaatti:

- dhugaafi amanamummaa ibsuu;
- agarsiistota dhugaafi amanamummaa himuu;
- faayidaa waadaa kabajuun qabu hubachuu:
- gocha hannaafi gowwoomsaa jibbuu.

## Barannoo 1: Dhugaafi Amanamummaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- maalummaa dhugaafi amanamummaa ni ibsita.

### *Gaaffii hubannoo*

Dhugaa dubbachuun faayidaa akkamii qaba jettee yaadda?

Dhugaan aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qabdi. Dhugaan kan Waaqaati. Waaqnis dhugaa jaallata. Namni immoo dhugaan bula;

hinsobu. Kanaaf, ijoolleenis dhugaa malee soba dubbachuu hinqabdu. Namni dhugaa dubbatu immoo amanamaa waan ta'eef namoota hundaan jaallatamaadha.

## Gocha 1

1. Namni dhugaa dubbatu hawaasa biratti jaalala argata. (Dhugaa/Soba)
2. Ijoolleen dhugaa malee soba dubbachuu hinqaban. (Dhugaa/Soba)

# Barannoo 2: Mul'istoota Dhugaafi Amanamummaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- mul'istoota dhugaafi amanamummaa nitarreessita;
- faayidaawwan dhugaa dubbachuun qabu nihimta.

### *Gaaffii hubannoo*

Dhugaafi amanamummaan gochaalee akkamiin ibsamuu danda'u?

Dhugaafi amanamummaan haalota baay'een ibsamuudanda'u. Isaanis: sobuu dhiisuu, waadaa kabajuu, hannaafi gowwoomsaa jibbuufi yeroo hunda

dhugaa dubbachuu fa'i.

Ijoollee dhugaa dubbattu haadhaafi abbaan nijaallatu. Hiriyoota, barsiisotaafi ollaanis nijaallatu. Akkasumas, Waaqnis nijaallata. Kanaaf, ijoolleen dhugaa malee soba dubbachuu hinqabdu.

## Gocha 2. Deebii sirrii ta'e filadhu

1. Namni dhugaa dubbatuufi amanamaa ta'e tokko maal argata?
   A. jaalala haadhaafi abbaa
   B. jaalala barsiisota isaa
   C. eebba Waaqaa
   D. hunduu deebiidha
2. Dhugaa dubbachuufi amanamummaa kan hinibsine kami?
   A. soba dhiisuu
   B. waadaa kabajuu
   C. nama gowwoomsuu
   D. hannarraa fagaachuu
3. Mammaaksota asiin gadii keessaa kamtu dhugaa ibsa?
   A. dhugaan niqal'atti malee hincittu.
   B. iji dhugaan boossu imimmaan hindhabdu.
   C. dhugaa dubbatanii bakka namatti dhiite bulu.
   D. hunduu deebiidha.

# Jaldeessafi Hantuuta

Bara durii, namichi tokko jaldeessaafi hantuuta waliin mana keessa jiraachaa ture.




Yeroo namichi manaa deemu hantuunni dhokattee midhaan gumbii keessa jiru nyaattee fixxe.




Guyyaa tokko namichi midhaan fudhachuuf dhaqee gumbii keessaa dhabe.



Achumaan waamee, midhaan kiyya eenyutu nyaate himaa; yoo diddan isin ajjeessaa jedheen. Isaan lachanuu, ani hin nyaanne jedhanii kakatan.
Namichis, waan godhu wallaale.



Booda, hantuunni harka baaftee citaa kana keessa nukaa'ii ibidda nutti qabsiisi; Abbaan dhugaa qabu, haaba'uu; Abbaan dharaa haagubatu jetteen.



Achumaan, namichi citaa keessa kaa'ee ibidda itti qabsiise. Hantuunnis, boolla citaa jalatti dhoksaan qotatte keessa lixxe. Jaldeessi immoo, waan godhu dhabe. Waaqatti olgaragalee boo'uu jalqabe.



Dhumarratti, roobni cimaan roobee ibidda dhaamse. Sanabooda, lolaan roobaa boolla hantuutaatti guutee; hantuuticha bokoksee ajjeese.



Akkasitti, jaldeessi dhugaa waan qabuuf du'arraa hafee; hantuunni dhugaa waan dabsiteef duute jedhama.

## Gocha 3. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Hantuunni ibiddaan gubattee duute. (Dhugaa/Soba)
2. Jaldeessi waan dhugaa qabuuf osoo du'in hafe. (Dhugaa/Soba)
3. Hantuunni waan dhugaa hinqabneef duute. (Dhugaa/Soba)
4. Abbaan dhugaa qabu eenyu jettee yaadda? Maaliif?

# Barannoo 3: Waadaa Kabajuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:


- waadaan maal akka ta'e adda baafatta;
- faayidaalee waadaa kabajuun qabu adda nibaasta.

## *Gaaffii hubannoo*

Waan tokko nan hojjadha jettee maatiikeef waadaa galtee beektaa?

Waadaan kakuudha. Hinsobu jedhanii kakatanii waadaa waliif seenuudha. Waadaa waliif seenan diiguun immoo safuu cabsuudha. Waadaa ganuun nama salphisa. Kanaaf, waan nan hojjadha jennee maatii, hiriyootafi barsiisota keenyaaf waadaa seenne kabajuu qabna.

## Sardiidoofi Re'ee




Durdur, sardiidoon tokko osoo nyaata barbaacha deemuu boolla bishaanii keessa bu'e bahuu dadhabe. Kana gidduutti korbeessi re'ee tokko bishaan barbaacha dhufee Sardiidoo arge.

Maal as-keessaa goota? jedhee gaafate. Sardiidoonis, bishaan dhugaa jira; koottu dhugi jettee gowwoomsite.



Korbessi sunis, utaalee seene.




Ergasii, akka bahuu dadhabde ittihimte.



Sana booda, ati harkakee lamaan olqabii sirra ejjedhee bahee; harka qabee ol-sibaasaa jetteen sardiidoon. Re'een kunis, ammas nagowwoomsita jedhee dide. Lakkii singowwoomsu; sigatee hindeemu jettee waadaa seenteef.

Re'enis,hark lamaan olqabeefii irra ejjettee baate.




Sardiidoonis, ofii baatee waadaa galte dhiiftee biraa deemte.



Sanaan booda, namoota korbeessa barbaadaa jiranitti dhufte. Isaanis, korbeessa keenya isheetu nyaate jedhanii itti marsanii ajjeesan.



Dhumarratti, korbeessa boolla keessaa mar'atu dhagayanii baasanii fudhatanii manatti galan. Akkasitti, sardiidoon waan waadaa diigdeef adabamte jedhama.



## Gocha 4. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Kan waadaa diige eenyu?
   A. namoota B. korbeessa C. sardiidoo
2. Sardiidoon akka duutuuf sababa kan ta'e kami?
   A. bishaan dhuguu
   B. waadaa diiguu
   C. boolla bu'uu
3. Namni waadaa eegu __________.
   A. dhugaa hinqabu
   B. amanamaadha
   C. kabaja hinqabu
4. Waadaa diiguun sirrii miti. (Dhugaa/Soba)
5. Durdurii kana keessatti maaltu sigammachiise? Maaliif?
6. Durdurii kanarraa maal baratte?

# Barannoo 4: Hannaafi Waliin-dhahuu Jibbuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- miidhaawwan hannaafi waiin dhahuun qabu adda nibaafatta.

## Gaaffii hubannoo

Qabeenya namaa hatuufi nama gowwoomsuun miidhaa akkamii qaba?

Namni waan namaa hatu abaaramaadha. Kan abaarame hin milkaawu. Gowwoomsuufi soba dubbachuun dhugaa dhoksuudha. Kan nama gowwoomsu immoo hin amanamu. Gochi hannaafi nama gowwoomsuu hawaasa biratti akka amanamummaa hinqabaanne nutaasisa. Amanamummaa dhabuun immoo safuu cabsuudha. Kanaaf, hannaafi nama gowwoomsuu irraa fagaachuu qabna.

## Gocha 5. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Kan waan namaa hatu__________dha.
   (kabajamaa/abaaramaa)
2. Kan nama gowwoomsuu__________hinqabu.
   (amanamummaa/cubbuu)
3. Hannaafi nama gowwoomsuun aad-maleedha
   (Dhugaa/Soba).
4. Amanamummaa dhabuun___________cabsuudha.
   (safuu/abaarsa)
5. Namni abaarame__________.
   (hinhatu/hinmilkaa'u)

•

## Guduunfaa

Dhugaafi amanamummaa qabaachuun faayidaa baay'ee qaba. Dhugaa dubbachuun maatii, hiriyootafi barsiisota keenya biratti akka jaalatamnu nutaasisa. Nama sobuu, gowwoomsuufi hatuun immoo namoota biratti akka jibbamnu nugodha.

Akkasumas, waadaa diiguu, nama sobuufi hatuun safuu cabsuudha. Safuu eeggachuu, dhugaa dubbachuufi amanamummaa qabaachuu qabna. Waadaa diiguu, sobafi hanni irraa immoo fagaachuu qabna.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Himoota asiin gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' yoo sirrii hintaane 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Kabajamuuf namoota biroos kabajuu qabna.
2. Dhugaa dubbachuufi amanamaa ta'uun safuu qabaachuudha.
3. Amanamummaan hatuu, sobuufi gowwoomsuun ibsama.
4. Waadaa nama tokkoof seenne raawwachuu qabna.

## II. Gaaffilee asiin gadiitiif deebii sirrii ta'efiladhu

1. Safuu kan agarsiisu isa kami?
   A. seerota kabajuu
   B. namaaf waan gaarii yaaduu
   C. dhugaa dubbachuu
   D. hunduu deebiidha.
2. Amanamummaa kan hinagarsiisne kami?
   A. dhugaa dubbachuu
   B. hannaafi soba
   C. waadaa kabajuu
   D. hunduu deebiidha
3. Ijoolleen eenyuuf amanamaa ta'uu qabdi?
   A. maatii
   B. hiriyoota
   C. barsiisota
   D. hunduu deebiidha
4. Amanamummaa dhabuun kan dhufu kami?
   A. maatii ofiin abaaramuu
   B. hiriyootan jibbamuu
   C. namootaan tuffatamuu
   D. hunduu deebiidha

# BOQONNAA 3

# HAQA

**Bu'aawwan Barachuu**

**Xumura boqonnaa kanaatti:**

- maalummaa haqaafi sirrummaa ibsuu;
- barbaachisummaa haqaafi sirrummaa himuu;
- miidhaawwan haqa dhabiinsaan dhufan adda baafachuu.

## Barannoo 1: Maalummaa Haqaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Haqa jechuun maal akka ta'e adda nibafatta.

### *Gaaffii hubannoo*

Waan namaa lafaa yoo argite maal goota?



Dhugaa dubbachuun haqa. Waan namaa abbaaf deebisuun haqa. Haqni nama walcaalchisuu dhabuudha. Nama kamiyyuu loogii tokko malee

walqixa keessummeessuudha. Bakka haqni hinjirre dhugaan hinjiru. Bakka dhugaan hinjirre jaalalli hinjiru. Kanaaf, haqa eeguun barbaachisaadha.


## Hiriyoota Sadan




Durdur, hiriyoonni sadii osoo karaa deemanii guyyaa dhiinaan mana tokkotti goranii, nubulchaa jedhaniin. Warri manaas, manni kan Rabbiitii bulaa jedhanii fuula ifaan simatan.

Namoonni kunis, halkan ka'anii loon maatii kanaa hatanii badan.



Hattoonni sadanuu deemaa bulanii waan beela'aniif, namni lama nyaata; namni tokko ammoo bishaan barbaaduuf waliigalani. Sanabooda, namoonni lamaan namicha bishaan barbaaduu deeme barbaaduu deeme yeroo deebi'ee dhufu bishaan harkaa fudhatanii sodaachisanii loon hatan lamatti qooddachuuf waliigalan.



Namichi bishaan barbaacha deemes karaa danda'een namoota lamaan rukutee loon sana ofii dhuunfachuu yaade.



Haaluma kanaan namicha bishaan barbaacha deeme akkuma inni dhufeen rukutanii kuffiisan. Sana booda booda immoo, loon hatan kana lamatti qooddachuu irratti ofumaa wal-lolanii akka malee waldhahuun walkuffiisan.



Haala kana keessatti, namtichi qajeelaan loon jalaa hataman, loon isaa osoo barbaaduu, hattoota loon isaa

fudhatan lafatti kukkufanii waywaatan arge. Loon hatamanis bakkuma sanaa argee ooffatee galee jedhama.



## Gocha 1. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Haqa namaa hatuun rakkoof nama saaxila. (Dhugaa/Soba)
2. Abbaan manaa haqa waan qabuuf horii isaa argate. (Dhugaa/Soba)
3. Keessummaa bulchuun aadaa Oromooti. (Dhugaa/Soba)
4. Durdurii kanarraa maal hubatte?

# Dhaqqaboofi Waariyo

Gaaftokko, Ganameen yeroo Dhaqqaboofi Waariyo karaa irratti wal-lolan argitee maal taatan jettee gaafatte.



Isaanis, maallaqa lafaa argan irratti akka wal-lolan ittihiman. Isiinis, waan lafaa argitan a b b a a f deebisaa jettee gorsitee biraa deemte.



Kanuma keessa abbaan mallaqaa dhufee isaan gaafate. Isaan lachuu, kan namichaa ta'uu erga hubatanii booda, maallaqa isaa kennaniifi. Abbaan maallaqaatis waan isaan godhanitti gammadee dhungatee eebbise.



Ijoolleenis, gammadanii fiigichaan gara manaa galan.

## Gocha 2. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Ganameen haqa namaa hinfudhattu. (Dhugaa/ Soba)
2. Dhaqqaboofi Waariyoon maaliif gammadan?
   A. waan maallaqa argataniif
   B. waan eebba argataniif
   C. waan wal-lolaniif
3. Namni eebba argate niguddata. (Dhugaa/Soba)
4. Seenessa kanarraa maal baratte?

# Barannoo 2: Sirrummaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Sirrummaan maal akka ta'e adda baafatta.

## *Gaaffii hubannoo*

Nama hunda walqixa kabajuun sirriidha? Maaliif?

Sirrummaan namoota hunda kabajafi ija walfakaatuun ilaaluudha. Kunis, Namoonni hundi loogiifi oogii tokko malee bifa madaala eegeen akka fayadaman gochuudha. Kanaafuu, tajaajila adda addaa keessatti namootni akka hinmiidhamne gochuu qabna.

### Gocha 3. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Sirrummaan nama kamuu walqixa tajaajiluudha. (Dhugaa/Soba)
2. Namaaf waan gaarii yaaduun sirrummaadha. (Dhugaa/Soba)
3. Sirrummaan maanguddoo qofa kabajuudha. (Dhugaa/Soba)

## Guduunfaa

Haqummaafi sirrummaan nagaan waliin jireenya hawaasaatiif barbaachisaadha. Haqummaan dhugaa dubbachuufi haqa namaa ofirraa eeguudha.
Sirrummaan immoo, namoota akkuma humnaafi dandeettii isaaniitti walqixa tajaajiluudha. Namoota hundaaf kabajaafi ulfina walqixa ta'eqabaachuudha. Akkasumas, namoota gargaarsa barbaadan tumsuudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

I. **Gaaffilee asiin gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' sirrii yoo hintaane 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Namni haqaaf tumsu jajjabeeffamuu qaba.
2. Sirrummaan namoota hundaaf kabaja qabaachuudha.
3. Sirrummaan hawaasa caalaa ofiif dursa kennuudha.
4. Haqummaan dhugaa dubbachuu hindabalatu.
5. Namootni yaada gaarii qaban rakkoo nama biroo nihubatu.

II. **Gaaffilee asii gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Amala nama gaarii kan ta'e kami?

   A. nama hunda jaallata

   B. yaada namaa fudhata

   C. loogii hintaasisu

   D. hunduu deebiidha.

2. Namootni carraa walqixaa yoo argatan maal ta'u?

   A. walii isaaniif dhimmamu

   B. waliin hojjechuu filatu

   C. ofitti gammadoo ta'u

   D. hunduu deebiidha

3. Amala nama gaarii kan hintaane kami?

   A. namoota biroof dursa kennuu

   B. sababatti amanuu dhabuu

   C. kan rakkate gargaaruu

   D. nama dhaggeeffachuu

4. Haqummaan jiraachuun maaliif fayyada?

   A. wal-amanuuf

   B. rakkoo furuuf

   C. waliin hojjechuuf

   D. hunduu deebiidha

# BOQONNAA 4

# WALITTI DHUFEENYA HAWAASUMMAA

**Bu'aalee barachuu**

Xumura boqonnaa kanaatti:

- walitti dhufeenya maal akka ta'e ibsuu;
- gochoota walitti dhufeenya cimsuu danda'an hubachuu;
- wantoota walitti dhufeenya miidhan adda baafachuu.

## Barannoo 1: Hiriyummaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- karaalee hiriyummaan ittiin ibsamu adda nibaafatta.

### *Gaaffii hubannoo*


Hiriyummaan maal maaliin ibsama?

Walitti dhufeenya jechuun hariiroo maatii, obboleessa, obboleettii, firoottaniifi hiriyyoota ollaa

akkasumas barattoota daree keenyaa waliin qabnudha. Walitti dhufeenyi hiriyyummaa dhugaafi fedhii waloo keenyaa irratti hundaa'e immoo walitti dhufeenya hawaasummaa gaarii jedhama. Hiriyummaan walkabajuu, waldhagahuu, waljaallachuu, waliin hojjachuufi waliin taphachuu fa'iin ibsama. Gochoonni kunimmoo, walitti dhufeenyi gaariin akka uumamu taasisu. Fakkeenyaaf, tapha hiriyoonni bakka horii tiksanitti dabareen taphatan kana ilaaluun taphadhaa!

## Warra gamaa





| | |
|---|---|
| Ijoollee gamaa | Oo koo! |
| Hiriyootakoo | Oo koo! |
| Koottu hora buunaa? | Aannan hindhugne |
| Maaliif hindhugne? | Saani hin elmamne |
| Aannan hinqabduu? | Dhaaneen dadhabe |
| Eessa fa'a dhaante? | Harmaaf dirra ishii |
| Harmi maal siibahe | Hamartii qubaa |
| Hamartii akkam goote? | Hiriyaa koof kenne |
| Hiriyaan kee maal siikenne | Ulee qaqalloo |
| Ulee akkam goote? | Waaqatti oldarbe |
| Waaqni maal roobe? | Bokkaa roobe |
| Bokkaan maal baase? | Marga baase |

| | |
|---|---|
| Marga maaltu dheeda? | Sa'a daalee |
| Daalee maaltu elma? | Harmetu elma |
| Maalitti elmu? | Ciicoo gurraattii |
| Maalitti fannisu? | Muka makkallaa |
| Muka maaltu mura? | Muka murtuu |
| Muka murtuu maaltu fixa? | Bakakkaatu fixa |
| Maal balleessanii fixa? | Muka ciranii safuu cabsan |
| Karra koo sibiilaan cufe? | Karra kee qoraatiin cufe. |

## Gocha 1. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Hiriyummaan walitti dhufeenya cimsa. (Dhugaa/Soba)
2. Hiriyaa ofii jaallachuun barbaachisaadha. (Dhugaa/Soba)
3. Mukeen ciruun safuu cabsuudha. (Dhugaa/Soba)
4. Walitti dhufeenya hiriyootakee waliin qabdu cimsuuf maal fa'a raawwatta? Barsiisaa/tuu keetti himi.



Hiriyoonni mana barnootaa keessatti waliin taphatu.



Hiriyyoonni waliin haasa'aa gammachuun mana barnootaa deemu.

# Barannoo 2: Walgargaaruu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- walgargaaruun gocha walitti dhufeenya cimsu ta'uu adda baafatta.

## *Gaaffii hubannoo*

Maatiikee maal fa'a hojjachuun gargaarta?

Walgargaaruun walitti dhufeenyi hawaasummaa gaariin akka jiraatu taasisa. Hawaasni hojii adda addaa humnaan yookiin yaadaan walgargaaruun waliin hojjata. Barattoonnis akkasuma hojii baay'ee walgargaaruun hojjetu. Kunimmoo, hariiroo hawaasummaa cimsuuf gargaara.



Barattoonni walgargaaruun daree qulqulleessu



Maatiin walgargaaruun biqiloota kunuunsu.



Hawaasni walgargaaruun daagaa ijaara.

# Naachafi Obbolaawwan Sadan



Durdur, obbolaawwan sadiitu waliin jiraata ture. Tokko ulellee afuufuu danda'a. Tokko xiyya dhahuu danda'a. Kan sadaffaa immoo bishaan daakuu danda'a. Isaan sadanuu natu caala, natu caala jedhanii yaadu.



Gaaftokko osoo lagarratti uffata miiccatanii naachi obboleettii isaanii fudhatee bishaan seene. Isaanis, rifatanii obboleettii isaanii baafachuuf waan danda'an hunda gochuu jalqaban.



Kan ulullee danda'u suni ulullee afuufuu jalqabe. Yeroo kana naachi sagalee ulullee dhaggeeffachuuf dhagaa bishaan gidduu jirurratti olbahe. Achumaan, inni xiyya danda'u mataa dhahee ajjeese. Kan bishaan daakaa danda'u immoo obboleettii bishaan keessaa baase.



Akkasitti, obbolaawwan sadan dandeettii qabaniin walgargaaruun obboleettii du'arraa hambisanii; natu caala jedhanii yaaduun akka sirrii hintaanes baratan jedhama.

**Gocha 2. Gaaffilee asiin gadii deebisi.**

1. Obbolaan sadan dandeettii garagaraa qabaachuun isaan fayyadeera. (Dhugaa/Soba)
2. Dandeettii qabaniin walgargaaruun barbaachisaadha. (Dhugaa/Soba)
3. Obboleettii baraaruu irratti kan gahee qabu eenyu?
   A. kan ulullee afuufu
   B. kan bishaan daaku
   C. kan xiyya dhahu
   D. hunduu deebiidha
4. Durdurii kana keessatti maaltu sigammaachiise? Maaliif?
5. Durdurii kanarraa maal baratte?

# Barannoo 3: Gochoota Walitti Dhufeenya Miidhan

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Gochoota walitti dhufeenya gaarii miidhan addaan nibaafatta.

## *Gaaffii hubannoo*

Hiriyootakee waliin wal-loltee beektaa? Maaliif?

Gochaaleen walitti dhufeenya hiriyummaa miidhan baay'eetu jiru. Isaan keessaa muraasni:

- safuu cabsuu
- waltuffachuu
- walhatuu
- walhubachuu dhabuu
- walsobuu
- waljibbuu
- ofittummaa

# Barataa Jaarraa

Jaarraan barataa kutaa lammaffaati. Gaaftokko kobbee hiriyaa isaa dhoksee fudhatee gale. Hiriyaan isaatis barbaadee dhabee dhiise. Gaafa itti-aanus, hiriyaa isaa irraa kitaaba ergifatee fuula keessaa ciccirree deebiseef. Hiriyaan isaa kunis gocha isaatti gadduun barsiisaatti himee adabsiise. Guyyaa sanaa eegalee, Jaarraan hiriyaa dhabee kophaatti hafe.

## Gocha 3. Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Jaarraan sababa maaliif kophaatti hafe?
2. Gochi Jaarraa sirriidha jettee yaaddaa?
3. Gochaafi amalli badaan hiriyummaa balleessa. (Dhugaa/Soba)

## Guduunfaa

Gochaalee walitti dhufeenyi hawaasummaa gaariin akka uumumu taasisan keessaa tokko hiriyummaafi walgargaaruudha. Hiriyummaan waljaallachuu, waldhagahuu, walbajuufi waliin taphachuun ibsamuu danda'a. Walgargaaruun immoo humnaafi dandeettii qabaniin waliin hojjachuudha. Kunimmoo, gara biraatiin hariiroon hawaasummaa gaarii ta'e akka uumamu taasisa.

Hariiroo hawaasummaa gaariin akka ittifufu gochuuf immoo, gochaalee walitti dhufeenya miidhan kanneen akka waltuffachuu, walsobuu, ofittummaafi safuu cabsuu irraa ofeeguun barbaachisaadha.

# Gaaffilee keessa deebii

**I. Himoota asiin gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' sirrii yoo hintaane 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Hiriyaa kabajuun barbaachisaa miti.
2. Gochi ofittummaa hiriyummaa miidha.
3. Walgargaaruun hariiroo hawaasummaa guddisa.

**II. Gaaffilee asiin gadiitiif deebii sirrii ta'e filadhu**

1. Gochi hiriyummaa miidhu isa kami?

   A. wal-loluu
   B. walsobuu
   C. walkabajuu dhiisuu
   D. hunduu deebiidha

2. Faayidaa walgargaaruu kan hintaane kami?

   A. hariiroo namootaa cimsa
   B. wal-loluu xiqqeessa
   C. waljaallachuu hambisa
   D. deebii hinqabu

3. Gochi hiriyummaa cimsu kami?

   A. waan qaban waliin fayyadamuu
   B. waliin taphachuu
   C. walgargaaruu
   D. hunduu deebiidha

# BOQONNAA 5

## QABEENYA WALOOF DHIMMAMUU

**Bu'aalee barachuu**

Xumura boqonnaa kanaatti:

- qabeenya waloo adda baafachuu;
- faayidaawwan qabeenya waloo ibsuu;
- gufuuwwan faayidaa waloo adda baafachuu.

## Barannoo 1: Maalummaa Qabeenya Waloo

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Wantoota qabeenya waloo ta'an adda baafatta.

### *Gaaffilee hubannoo*

1. Wantoota hawaasni waliin ittifayyadamu maal fa'a beekta?
2. Fakkiiwwan asiin gadii maal fa'a agarsiisu?

Wantootni hawaasni waliin irraa fayyadaman hunduu qabeenya waloo jedhamu. Fakkeenyaaf, bishaan, daandii, manni barumsaafi manni yaalaa qabeenya walooti. Kanaaf, qabeenya waliin ittifayyadaman kanneen eeguufi kunuunsuun barbaachisaadha.

## Gocha 1

1. Manni yaalaa qabeenya waloo miti. (Dhugaa/ Soba)
2. Qabeenya waloo mancaasuun safuu cabsuudha. (Dhugaa/Soba)
3. Qabeenya waliin irraa fayyadamnu eeguu qabna. (Dhugaa/Soba)

# Barannoo 2: Bishaan

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- bishaan qabeenya waloo ta'uu nihimta.
- qulqullina bishaanii eeguun gahee eenyuu akka ta'e ni ibsita.

## Gaaffilee hubannoo

1. Bishaan qabeenya walooti? Maaliif?
2. Qulqullina bishaanii eeguun gahee eenyuuti?



Hawaasni bishaan waliin fayadama.



## Tajaajila qulqullinaafi biqilootaaf bishaan waliin fayadamuu

Bishaan qabeenya hawaasni waliin ittifayyadamudha. Bishaan qulqulluu dhugaatiifi nyaata qopheessuuf ittifayyadamna. Akkasumas, qulqullina qaamaafi uffata keenyaa ittiin eegganna. Kanaaf, namni hunduu osoo hinqisaasiin itti fayyadamuufi qulqullina isaa eeguun barbaachisaadha.

## Gocha 2. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Bishaan qabeenya dhuunfaati. (Dhugaa/Soba)
2. Qabeenya waloo akkuma kan dhuunfaatti eeguu qabna. (Dhugaa/Soba)
3. Bishaan nama qofatu ittifayyadama. (Dhugaa/ Soba)
4. Faayidaa bishaanii kan ta'e isa kami?

   A. dhugaatiifi nyaataa qopheessuuf

   B. qulqullina dhuunfaa eeggachuuf

   C. biqiloota kunuunsuuf

   D. hunduu deebiidha

# Barannoo 3: Mana barnootaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- manni barnootaa qabeenya waloo akka ta'e ni ibsita.

## *Gaaffii hubannoo*

Manni barnootaa qabeenya dhuunfaa moo kan walooti? Maaliif?



Manni barumsaa iddoo ijoolleen barnootaa ittibaratanidha. Barattoonni qabeenya mana barnootaa keessa jiru waliin fayyadamu. Fakkeenyaaf, teessoo, kitaabafi mana fincaanii qabeenya waliin ittifayyadamanidha. Kanaafuu,

sirnaan qabuufi ittifayyadamuun barbaachisaadha.

## Faaruu Mana Barumsaa

Mana barumsaa
Dirree beekumsaa (x2)
A...B...jettee nubarsiistee
Karaa nutti agarsiistee
Nutaphachiistee
Nugammachiistee
Beekumsa sirrii nuqabachiistee
Sammuufi qaamaan nuguddistee (x2)

Mana barumsaa
Madda beekumsaa
Burqaa hayyootaa
Dirree barnootaa
Iddoo gammachuu
Wajjiin taphachuu
Nuuf jiraadhu yaa mana barumsaa
Guddina keenyaaf situ nuuf ka'umsaa (x2)

## Gocha 3. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Manni barnootaa qabeenya walooti.(Dhugaa/ Soba)
2. Teessoorra miilaan dhaabbachuun sirrii miti. (Dhugaa/Soba)
3. Kamtu qabeenya walooti?
   A. Kitaaba
   B. minjaala
   C. teessoo
   D. hunduu deebiidha
4. Mana barumsaa kan ibsu isa kami?
   A. madda beekumsaati
   B. burqaa hayyootaati
   C. iddoo gammachuuti
   D. hunduu deebiidha


# Barannoo 4: Daandii

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- daandiin qabeenya waloo akka ta'e ni ibsita.

## *Gaaffii hubannoo*

Daandiin qabeenya waliin ittifayyadamnudhaa?
Maaliif?



Daandii namoota hundatu ittigargaarama. Namoonni miilaan, fardaan, konkolaataafi baaburaan imalan daandiitti dhimma bahu. Ijoolleenis daandiitti fayyadamuun mana barumsaa deemu. Kanaaf, daandiin qabeenya hawaasni waliin fayyamudha.

Yeroo daandiirra deemnu ofeeggannoo gochuufi seerota daandii hordofuu qabna.

## Gocha 4. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Qulqullina daandii eeguun barbaachisaadha. (Dhugaa/Soba)
2. Namootni daandiirra maaliin adeemu?
   - A. baaburaan
   - B. miilaan
   - C. gaangeen
   - D. hunduu deebiidha
3. Daandii yeroo qaxxaamurru maal gochuu qabna?
   - A. bitaafi mirga ilaallachuu
   - B. kophaa qaxxaamuruu dhiisuu
   - C. seera tiraafikaa hordofuu
   - D. hunduu deebiidha

## Guduunfaa

Qabeenyi waloo kan namootni hundi waliin qooddataniifi waliin ittifayyadamanidha. Qabeenya waliinii keessaa muraasni daandii, bishaan, mana barumsaafi mana yaalaati. Qabeenya kanneen namni hunduu osoo umuriifi korniyaan hindaangeffamiin waliin ittifayyadamu. Kanaaf, namni hunduu qabeenya waloo eeguufi kunuunsuu qaba.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I. Himoota asiin gadii sirrii yoo ta'an 'Dhugaa' sirrii yoo hintaane 'Soba' jechuun deebisi.**

1. Hanni gocha badaa qabeenya waloo miidhudha.
2. Qabeenya waloo poolisii qofatu eeguu qaba.
3. Korojoon dabtara ittiqabannu qabeenya walooti.
4. Qabeenyi waloo nama hundaaf barbaachisaadha.
5. Qabeenya kamiyyuu sirnaan ittifayyadamuu qabna.

## II. Gaaffilee asiin gadiitiif qubee deebii sirrii qabate filadhu

1. Kan asiin gadii keessaa qabeenya dhuunfaa kan hintaane kami?
   A. korojoo C. dabtara
   B. mana barnootaa D. kophee
2. Gochi qabeenya waloo eeguufi kunuunsuu ta'e kami?
   A. biqiloota dhaabuufi kunuunsuu
   B. qabeenya sirnaan fayyadamuu
   C. qulqullina naannoo eeguu
   D. hunduu deebiidha
3. Qabeenya waloo kan ta'e kami?
   A. mana yaalaa C. gabatee gurraacha
   B. daandii D. hunduu deebiidha
4. Qabeenya waloo eenyutu ittifayyadama?
   A. barattoota qofa C. barsiisota qofa
   B. sooressota qofa D. hawaasa hunda
5. Qabeenya waloo eenyutu eeguufi kunuunsuu qaba?
   A. Barsiisota qofa C. Barattoota qofa
   B. Hiyyeessota qofa D. hawaasa hunda

# BOQONNAA 6

# HAMBAALEE AADAA

**Bu'aalee barachuu**

Xumura boqonnaa kanaatti:

- hambaaleen aadaa maal akka ta'an himuu;
- akaakuu hambaalee aadaa addaan baasuu;
- hambaalee aadaa kunuunsuun barbaachisaa akka ta'e hubachuu;
- kunuunsa hambaalee aadaatiif taasifaman adda baafachuu.

## Barannoo 1: Maalummaa Hambaalee Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- hambaalee aadaa addaan nibaafatta.

# Gaaffii hubannoo

## Aadaa jechuun maal jechuudha?

Aadaan mallattoo eenyummaan hawaasa tokkoo ittiin ibsamudha. Fakkeenyaaf, uffata, nyaata, safuufi duudhaa, amantaa, aartiifi akkaataa jireenyaa (qonna, horii horsiisuu) fa'a.



## Gocha 1

1. Fakkiiwwan asiin olii maal agarsiisu?
2. Hambaalee aadaa kan jedhaman maal fa'i?

Hambaaleen aadaa haftee beekumsa, amantaa, aadaa, duudhaafi ogummaa dhaloota durii agarsiisaniifi daddarbaa dhufanidha. Isaanis, Gamoo durii, kabaja ayyaanaa, siidaa yaadannoo, ardaa jilaa, uffata aadaafi nyaata aadaa fa'a.

## Fakkeenyaaf,



Masaraa Abbaa Jifaar



Ayyaana Irreechaa



Dirree Sheek Huseen

## Gocha 2. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Aadaan mallattoo hawaasni tokko ittiin beekamudha. (Dhugaa/Soba)
2. Hambaaleen aadaa gumaacha dhaloota durii ibsu. (Dhugaa/Soba)
3. Aadaan hawaasa tokkoo maaliin ibsamuu danda'a?
   A. uffata  B. nyaata  C. safuufi duudhaa  D. hunda
4. Hambaalee aadaa keessaa tokko kan ta'e kami?
   A. masaraa Abbaa Jifaar  C. dirree sheek Huseen
   B. ayyaana Irreechaa  D. hunduu deebiidha
5. Guyyaan ayyaanaa maaliin yaadatama?
   A. uffata aadaa  C. nyaata aadaa
   B. tapha aadaa  D. hunduu deebiidha

# Barannoo 2: Akaakuu Hambaalee Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Akaakuu hambaalee aadaa nitarreessita.

## *Gaaffii hubannoo*

Hambaalee aadaa naannoo keetti argaman maalfaa beekta?

Hambaaleen aadaa bakka lamatti qoodamu. Isaanis, Hambaalee qabatamaafi Qabatamaa hintaane jedhamu.

a. Hambaalee qabatamoo: Kanneen ijaan mul'ataniidha. Fakkeenyaaf, masaraa, galma, siidaa yaadannoofi kan kana fakkaatanidha.



Masaraa

Abbaa Jifaar



Masaraa

Kumsaa Morodaa



Siidaa Calanqoo



Holqa Soof-umar

**Hambaalee qabatamoo hintaane:** kanneen ijaan hinmul'annefi harkaan qabamuu hindandeenyedha. Hambaaleen kunis, hambaalee afuuraa jedhamu. **Fakkeenyaaf,** afaan, afoola, safuufi duudhaa, sirbootaafi kan kana fakkaatanidha.

## Gocha 3. Gaaffilee asiin gadii deebisi

1. Hambaalee qabatamoo kan ta'e kami?

   A. masaraa Abbaa Jifaar

   B. galma Abbbaa Gadaa

   C. holqa Soof-Umer

   D. hunduu deebiidha

2. Hambaalee aadaa qabatamoo kan hintaane kami?

   A. safuufi duudhaa

   B. dirree sheek Huseen

   C. siidaa Calanqoo

   D. masaraa kumsaa Morodaa

3. Hambaaleen ijaan mul'atan, hambaalee _______ jedhamu.

4. Galmi Abbaa Gadaa hambaalee qabatamaadha. (Dhugaa/Soba)

5. Hambaaleen ijaan hinmul'anne, hambaalee _____ jedhamu.

# Barannoo 3: Faayidaawwan Hambaalee Aadaa

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Faayidaawwan hambaalee aadaa nihimta.

## Gaaffii hubannoo


Hambaaleen aadaa faayidaa akkamiif oolu?

Hambaalee aadaa faayidaa baay'ee qabu. Isaanis:

- Seenaafi qaroomina dhaloota durii agarsiisu



- Aadaafi duudhaa hawaasaa calaqqisiisu







- Daawwannaafi barnootaaf oolu



- Madda galii ta'uun tajaajilu



## Gocha 4

1. Hambaaleen aadaa qaroomina dhaloota darbanii agarsiisu. (Dhugaa/Soba)
2. Hambaaleen aadaa madda galii ta'uun nitajaajilu. (Dhugaa/Soba)
3. Faayidaa hambaalee aadaa kan ta'e kami?
   A. aadaafi duudhaa calaqqisiisu
   B. barnoota dabarsuuf oolu
   C. seenaa agarsiisu
   D. hunduu deebiidha

# Barannoo 4 : Hambaalee Aadaa Kunuunsuu

Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- Karaalee hambaalee aadaa ittiin kunuunsan adda baafatta.

## *Gaaffii hubannoo*

Hambaaleen aadaa akka midhaman maaltu godha?

Hambaaleen aadaa akka boca, halluu, amaloota dura qabaniifi hiika jalqabaa gadi hindhiisneef kunuunsi godhamuufi qaba.

Hambaalee aadaa dhaloota dhufuuf dabarsuuf karaalee hedduun kunuunsuu dandeenya. Isaanis:

a. Hannaafi miidhaalee irraa eeguu

b. Akka hincaccabne eegumsa gochuu



Dhagaa Xiyyaa



Dhagaa Baabbilee

c. Kanneen caccaban suphuu



Masaraa Abbaa Jifaar



Masaraa Kumsaa Morodaa

## Gocha 5

1. Hambaalee aadaa kunuunsuun gahee nama hundaati. (Dhugaa/Soba)
2. Karaa hambaalee aadaa ittiin kunuunsan kan hintaane kami?
   A. kan cacaban suphuu
   B. hanna irra eeguu
   C. halluufi boca isaanii jijjiiruu
   D. hunduu deebiidha
3. Hambaalee aadaa irratti miidhaa fiduu kan dan-da'u kami?
   A. lola
   B. balaa uumamaa
   C. daagaa hidhuu
   D. A fi B

## Guduunfaa

Hambaaleen aadaa haftee dhaloota darbanii kanneen akka beekumsa, amantaa, aadaafi duudhaa, akkaataa jireenyaafi kan kana fakkaatanidha. Kunis, seenaa dhaloota darbanii kan dhaloota ammaatiin walqabsiisuun dhaloota dhufuuf kaa'uuf gargaaru.

Hambaaleen aadaa, hambaa qabatamoofi qabatamoo hintaane jedhamuun bakka lamatti qoodamu. Hambaaleen aadaa faayidaa hawaasummaafi dinagdee qabu. Kanaafuu, balaa nam-tolcheefi uumamaatiin miidhamuu waan danda'aniif eeguufi kunuunsuu qabna.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**I: Kanneen roga 'A' jalatti tarreeffaman kan 'B' jalatti kennaman wajjiin walitti firoomsi**

| "A" | "B" |
|---|---|
| 1. Haala jireenya ummatootaa | a) siidaa Aanolee |
| 2. Madda galii ta'uun tajaajila | b) ayyaana |
| 3. Hambaalee aadaa qabatamoo | c) turizimii |
| 4. Hambaalee qabatamaa hintaane | d) aadaa |
| 5. Manguddoota kabajuu | e) duudhaa Oromoo |

**II. Himoota asiin gadiitiif sirrii yoo ta'an "Dhugaa" sirrii yoo hintaane "Soba" jechuun deebisi**

1. Hambaaleen aadaa daawwannaaf nitajaajilu.
2. Lammiin hundi hambaalee aadaa eeguufi kununsuu qaba.
3. Hambaalee aadaa kan miidhu gocha dhala namaa qofa.
4. Horri Finfinnee hambaa aadaa Oromoo keessaa isa tokkodha.